**Seattle**
Office of Sustainability
& Environment

**Fandii Haqaa Naannoo Siyaatiliif iyyadhu**

Waajjirri Itti Fufiinsa fi Naannoo Siyaatil Fandii Haqaa Naannoof iyyannoo **amma fudhachaa jiraachuu isaa gammachuu guddaadhaan beeksisa.** Bara kana filannoowwan maallaqaa lamatu jira. Filannoon jalqabaa deeggarsa doolaara kuma 10 hanga kuma 40 kan kennu yoo ta’u, maallaqni waliigalaa doolaara kuma 250 ta’a. Filannoon lammaffaan deeggarsa doolaara 40,001 hanga 90,000 kan kennu yoo ta’u, waliigalatti maallaqni doolaara 750,000 ta’a. Maallaqni kun pirojektoota hawaasa walqixxummaa naannoo fi haala qilleensaatiin baay’ee miidhaman, kanneen akka Gurraacha, Dhalootaan, Namoota Halluu, godaantota, baqattoota, namoota dhuunfaa galii xiqqaa qaban, dargaggoota, fi maanguddoota dabalatee fayyadamoo ta’an deeggaruuf kan qophaa’edha. **Guyyaan xumuraa iyyachuuf Kibxata, Adoolessa 26 galgala sa'aatii 5pm (PT) dha.**

Carraan maallaqaa kun Gosootaa fi dhaabbilee gosootaa, dhaabbilee bu’aa hin arganne, fi gareewwan hawaasaa hawaasa isaanii waliin haqaa naannoo fi haala qilleensaa tarkaanfachiisuuf hojjataniif banaadha. Gosoonni pirojektoota ulaagaa guutan aartii fi seenaa himuu, barnoota hawaasaa, ijaarsa dandeettii jaarmiyaa fi hawaasaa, qophii jijjiirama qilleensaa, ijaarsa dandeettii fi leenjii hojii magariisaa*, fi karoora hawaasaa fi mul’ata.

Waa’ee Fandii kanaa caalaatti baruu, yaada pirojektii irratti mari’achuu, ykn piropozaala dhiyeessu yoo barbaadde, tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhachuu dandeessa:

- Miseensa garee keennaa tokko waliin bilbila daqiiqaa 20f **asitti** galmaa'aa
  - *Hiikkaa gaafachuuf unka fayyadamaa.*

- Kutaa odeeffannoo dhugaa (virtual information session) irratti hirmaadhaa:
  - Kibxata, Waxabajjii 21, 12-1:30pm – asitti galmaa’aa
  - *Dursitanii hiikkaa gaafachuuf equityenviro@seattle.gov irratti email nuuf ergaa.*

- Kutaa odeeffannoo qaamaan kennamu irratti hirmaadhaa:
  - Kibxata, Waxabajjii 27, 6-7:30pm – asitti galmaa’aa
  - **Bakki:** Mana Kitaabaa Uummataa Magaalaa Kolumbiyaa, Kutaa Walgahii Kolumbiyaa
    - 4721 Rainier Ave Kibba, Siyaatil, WA 98118
  - *Dursitanii hiikkaa gaafachuuf equityenviro@seattle.gov irratti email nuuf ergaa.*

Akkasumas gaaffii karaa imeeli equityenviro@seattle.gov deebisuuf qophiidha. Caalaatti baruu fi iyyachuuf **seattle.gov/environment/ejfund** daawwadhaa.

*kaayyoo Fandii EJ tiif hojiin magariisaa hojiiwwan dhiibbaa jijjiirama qilleensaa furuuf ykn salphisuuf kaayyeffatan jedhamee ibsama